dhukaasamu ajajee hunduma isanii sababa tokkoon malee bakkumatti ajjeese ".[266]

Namtichi namoota isaa (Habashoota) akkana godhu diina isaa (Muslimoota) maal godhinna laata? Mee waan inni Muslimoota irratti dalagu wolumaan haa ilaalluu. Tewodroos akkuma aangoo qabateen Muslimoota naannoo Habashaa jiraatan hunda tooyannaa isaa jalatti deebisee mootummaa Habashaa takkattii uumuu kaayyoo isaa guddaa taasifate.

Kaayyoo isaa kana bakkaan gahachuuf Muslimoota goorra'ee (qalee) fixuu malee wonti malu hin jiru jedhee waan murteesseef ajjeechaa isaanii jalqabe;[267] cunqursaa fi miidhaa cimaa isaan irratti adeemsise cimsee itti fufe. Masjida muslimootaa gubuu, mana isaaniillee diiguu eegale. Yeroma san Masjida guddaa magaalaa **Goondar** keessatti argamu ibidda itti qabsiisee gube.

Tewodros bulchiinsota naannoo tooyannoo jala oolchee injifatuu jalqabnaan waraana isaa gara naannoo Shawaatittis qajeelche. Mootii naannoo Shawaa kan ture Hayla Malakuut (Abbaa atsee Minilik) injifatee erga ajjeesee meeshaa woraanaa inni qabu wolitti qabate, haadha manaa mootii Shawaatii fi ilma isaa (Minilik) jedhamu booji'e. Minilikii fi haadha isaa tana gara "Maqdalaa" fiduudhaan masara isaatitti galchee akka olii gad hin deemne taasisee gamoo isaa keessa of bira teessise.

Haata'u malee Minilik halkan jalaa badee gara Shawaatti deebi'ee booda bulchaa Shawaa tahuu danda'e. Waahee Minilikii bakka isaatitti yoo bira geenne baldhinnaan ilaalla Inshaa Allaah.

---

[266] Ibid p:195

[267] Hasan Makkii, Diraasaat Ifriqiyyaa p:91

Tewodroos sababa Minilik jalaa baduu kanaatiif aaree maraatee namoota akka inni baqatuuf haala mijjeessan jedhamanii shakkaman hunda fixe. Sababuma kanaaf hooggantoota Oromoo (namoota beekkamoo) nama digdamii afur (24) yaamee harkaa fi miila isaanii irraa ciree qilee irra fiduudhaan achirraa darbee akka caccabanii dhumatan taasise. Sababuma kanaaf Oromoonni wolgahanii isa jalatti akka hin bullee fi ajaja isaa tokkollee akka hin fudhanne murteeffatanii fincila itti kaasuun irratti qabsaayaa turan.[268]

Gochi isaa kan hilaa (gara laafinna) hin qabne kan kana fakkaatu baay'ee dha. Yeroo maraatumni isaa itti kaatu qonnaan bultootas bakka tokkotti wolitti qabee ibiddaan guba. Yeroo tokko qofa qonnaan bultoota kuma tokkoo fi dhibba torbaa (1700) sababa wahii malee bakka tokkotti wolitti qabee gubee jira.

Sababa gochoota isaa kanaaf jaalalti isaa ummata keessaa fuudhamtee baay'ee jibbame.Waraanni isaa kan duraan kuma shantamaa (50,000) ture gara kuma shaniitti (5,000) tti gadi xiqqaate. Yeroo waraanni Ingiliiz isa marse hundi isaaniituu biraa baqatanii adda isaa hafee booda ofii isaatii of ajjeese[269].

Tewodroos waraana isaa kan Muslimoota irratti bane ittuma fufee Muslimoota irratti gochoota suukaneessaa (jibbisiisaa) kan gara jabummaa heddu raawwataa ture. Mee gar-tokkee (muraasa) keessaa asiingadii kanatti walumaan laalla:

- Tewodroos Muslimoota baay'isee waan jibbuuf Muslimoonni ollaa mana kiristaanaa akka hin galle (hin jiraanne) jedhee

[268] Fathii Geysi, Al-Islaamu Wol-Habashaa Abrattaariik p:196

[269] Ofii isaatii of ajjeese yaadni jedhu kun mormii qaba. Akkuma guulduratti ibsamu.

murtii dabarse; namoota murtii kana didan mana tokko keessatti wolitti qabee ibiddaan guba, garii immoo dhiira miila irraa ciree, dubartii harma irraa mura.[270]

- Ulaamaa'ota Islaamaa kan da'waa godhanii karaa Rabbiititti nama yaaman akka kuuwwan jiilaniif ibiddaan gubaa ture. Ulamaa'aa inni gocha suukaneessaa kana irratti raawwate kessaa kan akka: Sh/Umar Aadam (R.T) kan jedhamaniidha.[271] Aalima guddaa karaa Rabbiitti nama yaamuun, keyritti nama ajajuun, hamtuu irraa nama dhorguun, karaa Rabbii keessatti qabsaayuun beekkamaniidha.

- Muslimootni akka kiristaanummaa fudhatan dirqisiisaasuudhaan yeroo muraasa qofa beellama kenneefii achi booda kan dide biyya gad dhiisee akka deema murteessuudhaan sababa kanaaf Muslimoonni kuma shantamaatitti (50,000) tilmaamaman biyya isaanii irraa buqqa'anii gara naannoo aangoo isaa jala hin jirree (jimmaa fi Arsii) baqataniiru.

- Bara bulchiinsa isaa keessa Muslimoonni baay'ee xiqqeeffamaa turan; yeroo Muslimni tokko nama amantii Kiristaanaa nagaha gaafatu, isa xiqqeessuuf jecha harka bitaa itti olfuudha. Haata'u malee warroota kanneen Muslimoonnis harka isaan irraa baafatuu danda'anii jiran. Yeroo lolli tokko argame carraa sanitti fayyadamuudhaan worroota isaan xiqqeessaa turan san cabsanii aangoo irraa fudhatanii Goondariin bulchuu danda'aniiran.

<u>Waraanni Ingiliiz gara Habashaa ergamuu</u>

Muslimoonni yeroo du'aa'ii kadhatan akkana jedhan: (اللهم اضرب الظالم بالظالم)

"yaa Rabbi zaalima zaalimuma akka isaatiin dhahi (itti moosisi)"

---

[270] Dr.Muhammad Taaj, Taariik p:208

[271] Ibid, p:347

jedhan. Kunoo Rabbiin Tewodroosiin akkasuma godhe. Duraan Ingiliiz akka inni Muslimoota lafarraa fixuuf Tewodroosiin gargaaraa turte. Booda immoo woldhabbiin jidduu isaaniititti argamnaan isuma mataa isaatuu woraana itti ergitee lafarraa isa dhabamsiifte.

Tewodroosii fi Ingiliiz maal irratti woldhaban? Sababni woldhabbii kanaa xalayaa asiin gadii tahuu barreessitoonni seenaa ibsanii jiran.Tewodroos mootittii biyya Ingiliiz tan (Viktooriyaa) jedhamtuu xalayaa ergeefii akkana jedhee barreesseef:


"Maqaa Abbaa, Ilmaa fi hafuura qulqulluu sadanuu waaqa tokkootiin, waaqaan kan filame, mootii mootota Ityoophiyaa Tewodroos irraa haagahu gara kabajamtuu mootittii Ingiliiz "Viktooriyaa".

Kabajamtittiin fayyaa guutuu akka qabdu abdiin qaba. Humna Waaqayyoo wojjiin an fayyaa dha. Abbootiin kiyya mootii uumaa isaa waan irraanfataniif, inni mootummaa isaa dabarsee Turkii (Muslimoota) fi Gaallaa kenne. An garuu Waaqni na uumee biyyee keesssaa na kaasee mootummaa san akkan bituuf harka kiyyatti deebise. Bakka Abbootii kiyyaa dhaabbachuu akka danda'uuf aangoo na gonfachiise (muude). Aangoo kanaan Gaallaa ari'een balleesse. Warri Turkii ammoo akka biyya akaakilee kiyyaa gad dhiisan itti himeen jira. Isaan garuu didanii jiru. Kanaaf isaaniin qabsoo gochuuf qophaa'aan jira ..."[272] Xalayaa isaa kanaa fi ergaa adda addaa kan itti ergataa ture keessatti Tewodroos meeshaa woraanaa akka kennaniif kadhatee ture[273]. Haatahu malee Ingiliiz

[272] Gadaa Melbaa p.48, Fathii Geysi, p:190-191

[273] Al-Ahbaash beyn Ma'arab wa aksum, mumtaaz Aarif, p.168-169. Assaqaafatul-Islaamiyya il-Habasha, Dr.Abdallah Khadiir Al-Aruusii (kan hin maxxanfamin).

xalayaa isaatiif deebii hin kennine; meeshaa woraanaa kan inni gaafates hin ergineef. Kun wonta Tewodroosiin baay'ee aarsee akka Ingiliiziin woldhabu isa taasiseedha.




Xalayaa Tewodros mootitti gara Ingiliiz (Viktoriya)

Xalayaan tun akkama fakii irraa muldhatutti Amaarifaan kan barreefteedha. Xalayoonni biraa tan Tewodroos gara mootummoota biyya Arabaa ergu afaan Arabaatiin barroofti[274]. Suuraa asiin gadii kana irraa hubachuun nidanda'ama.

[274] Yeroo san keessatti manni amantii Kiristaana Habashaa mana amantii Kiristaanaa Aleksandariyaa biyya Misrii (Egypt) keessatti argamu waan



Xalayaa Tewodroos mootii biyya Masrii (Muhammad Sa'id Baashaa) tii barreesse



KanMootii biyya Yaman (Hammuud Rassaam) barreesse

Gara waahee Ingiliiziitii fi Tewodroosiitti yoo deebinu, Tewodroos Ingiliiziidhaan woldhabnaan Dippiloomaasota isiitii fi namoota Awuroppaa kan isa bira jiran hunda hidhee adabbii cimaa itti kennuu (azzabuu) jalqabe. Hidhamtootas mana hidhaa keessatti hedduu miidhaa irra geessaa ture.[275]

Ingiliiziin namoota isii akka gad dhiisu gaafataa turte. Inni dinnaan woraana nama kuma soddomii lamaa (32,000) meeshaa woraanaa gurguddaa woliin itti ergite. Woraanni Ingiliiz kan ajajaa woraanaa "*Naappiyar*" jedhamuun hoogganamu kun bakka Tewodroos jiraatu "Maqdallatti[276]" kalaahe (dhihaate). Tewodroos nama tokkollee kan isa woliin lolu dhabnaan garaan isaa gubatee booda rasaasa (xiyyiitii) ofitti gad dhiisuudhaan of ajjeese.[277] Tewodroos namoota

---

hordofuuf phaaphaasonni achi irraa ergaman afaan Arabiffaa fayyadamu. Isaan kanneentu Tewodroosiif afaan Arabiffaatiin xalayaa barreessaafi.

[275] Buulis Mus'id, Al-Habashaa(Isyoobiyaa) fi Munqalabin Min Taariikhiha P:145

[276] Maqdallaan kan itti argamtu naannoo Wolloo keessa magaalaa Daseetitti dhihoodha.

[277] Fathii Geysi, Al-Islaamu Wol-Habashaa Abrattaariik p:198

nagahaa sababa tokko malee fixaa waan tureef woraanni isaa irraa baqatee adda hafee booda of ajjeese.

Akkaataa Tewodroos itti du'e kana irratti barreessitoonni seenaa ilaalcha gara garaa qabu. Gadaa Melbaa akka dubbatetti Tewodroos ni ajjeefame malee ofii isaatii of hin ajjeefne jedhee yaada asii gadii kana dhiheesse:

"Tewodroos meeshaa Ingiliiz gaafate waan hin argatiniif humni woraana isaa Oromoota Wollootii fi Shawaatiin moo'ame... Oduun woraanni Ingiliiz imaltoota isaa kan inni hidhe harkaa baasuuf ergamuun Tewodroos bira geennaan, Tulluu Maqdallaa irratti galee dahannoo fi mooraa ijaaratuuf dirqame. Achi irratti bakka hidhamtoota Oromootii fi Ingiliiz itti eegu tolfate. Waraanni isaa Oromoon marfame...Tewodroos dhuma irratti hidhamtoota isaa keessaa worra Awurooppaa fi Habashootaa gad lakkisee Oromoota hunda hanbise. Hidhamtoota Oromoo nam tokkollee osoo hin hanbisin hunda isaanii gara laafinna malee qale. Otuu woraanni Ingiliiz bakka Tewodroos itti dhokate hin gahin woraanni Oromoo mooraa Tewodroos cabsee seenee woraana isaatii fi wordiyyaa isaa faffacaasee Tewodroosiin akka ajjeese ni himama.[278]

Woraanni Ingiliiz yeroo mooraa Tewodroos (Maqdalaa) seenu reeffa qullaa argan. Naappiyaritti reeffa Tewodroos kan agarsiise Oromoota jechuu dubbata Gadaa Melbaa. Booda firoota Tewodroos irraa isa ta'uu hubatee jira.

Ajajni cimaan Naappiyar qabu, otuu Tewodroosiin hin miidhin imaltoota Ingiliiz baasuu duwwaadha. Kanaaf duuti Tewodroos Naappiyariin baay'ee rifachiise. Ofiin of ajjeese jedhee himuu murate.

---

[278] Gadaa Melbaa ,Oromiyaa p.49-50

Akka kanatti duuti Tewodroos addunyaa irraa dhokfamee hafe. Garuu akki inni itti du'e Oromoota Wolloo biratti dhokataa miti.[279]

Ajajaan waraana Ingiliiz "Naappiyar" jedhamu Tewodroosiin cabsee yeroo gara biyyaa deebi'u, Maqdalaa (masaraa mootummaa) Oromootatti kennuu irra nama Amaaraa "Waaq-shuum Goobazee" jedhamutti kennuu murteesse. Sababni isaatis: Oromoonni Islaama tahan bakka jabaa kana akka hin fudhanneef. Garuu namtich Amaaraa kun Oromoo sodaaf jecha aangoo kana fudhatuu dide. Inni dinnaan Naappiyar waan Maqdalaa irraa hafe hundaa Oromoon fudhatuu irra baduu wayya jedhee gubee biraa deeme[280]. Ingiliizichi kun Oromoo maaliif akkanatti jibba laata? Muslimootuma waan tahaniif moo sababa biraatiif?

AtseeYohannis 4ffaa (اطي يوحانس الرابع)

Mootich Yohannis jedhamu kun yeroo Tewodroos mootii Habashaa ture san bulchaa naannoo Tigraayiiti. Haata'u malee carraa Ingiliiz woraana isii Tewodroositti ergitee isa cabsite sanitti fayyadamuudhaan booda aangoo biyya Habashaa irratti bahee jira. Carraa kanatti akkamiin itti fayyadamuu danda'e? mee wolumaan haa ilaalluu:

Woldhabbiin jidduu isaatii fi mooticha Habashaa (Tewodroosii) waan jiruuf, woraana Ingiliizii kan Tigraay keessa bahee gara "Maqdalaa" bakka Tewodroos itti argamu deemuuf haala mijjeesseefii, Ingiliizonnis harka isaa kana isaa deebi'uuf jecha meeshaa woraanaa kan fe'anii fidan erga Tewdroosiin cabsanii irraa bahanii Yuhaannisiif kennanii gara biyya isaanii deebi'an. Akka inni Muslimoota meeshaa kanaan ittiin loluuf biratti dhiisanii deeman.

---

[279] Ibid, p.50
[280] Ibid, p.50

Kaayyoon isaanii durumaanuu booji'amtoota isaanii kan Tewodroos hidhe harkaa baafatuu qofa waan taheef dhimma isaanii fixannaan gara biyya isaanii deebi'an. Meeshaa woraanaa kan baay'ee gurguddaa tahe kan fidan waan muraasa (xiqqoo) malee osoo itti hin fayyadamin isumaaf dhiisanii biraa deeman.[281]

Innis meeshaa kanatti fayyadamuudhaan Muslimoota loluu jalqabe. Ummata Muslimootaa kan meeshaa woraanaa kan hammayyaa tokko hin qabnee meeshaa hammayyaawaa kan baay'ee cimaa tahe kana isaan irratti fayyadamuudhaan baay'ee miidhe.[282]

Akka kitaabonni seenaa hedduun waahee isaa ibsutti: Mootummoota Habashaa keessaa kan akka isaa jireenya Islaamaa jibbuu hin jiru; amantii Kiristaanaatiifis kan baay'ee ta'assuba[283] tahu (baay'ee kan jabeessu) kan akka isaa hin jiru. Kanaafuu miidhaan inni Muslimoota irraan gahaa ture hagana jedhamee himamuun hin danda'amu. Muslimoota irratti gochoota suukaneessaa hedduu raawwataa ture. Gochoota isaa keessaa muraasni kan armaan gadii kana:

- Bara 1878 bakka **Boor-Meedaa** jedhamtutti Abboota amantaa Kiristaanaa (Qeysota) wolitti qabee isaan woliin walgahii

---

[281] Fathii Geysi,Al-Islaamu wol-Habashaa Abrattariik p:202

[282] Dr.Muhammad Taaj,Taariik p:176

[283] Ta'assuba: jechi kun jecha afaan Arabaa yoo tahu, nama waan tokko akka malee jabeessu jechuudha. Ta'assubummaa isaa irratti kan ragaa tahu; jecha Jeneraalli Ingiliiz "Gordon" jedhamu kan yeroo Ingiliz Suudaan koloneffatte Suudaan bulchaa ture dubbateedha. Jeneraaltichi kun akkana jedhe: *"Amalotni anaa fi Yohaannis 4ffaa wolfakkeessan hedutu jira. Innis akkuma kiyya nama amantii isaatii ta'assuba tahuudha (bay'ee amantii jabeessa). Inni kaayyoo cimaa tokko kan jiruu isaa keessatti bakkaan gahuuf yaadu qaba. Sunis: Muslimoota hunda gara amantii kiristaanaa jijjiiruudha"* (Fathi Geysi p:205, Taariku Itoophiyaa p:159).